Ruqaan, hirzii fi jaallachiistuun shirkiidha

Abdullaah ilma Masu'ud irraa odeeffamee -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- ni jedhe: Ergamaa Rabbiitii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- akkas jedhuun dhaga'e: "Ruqaan, hirzii fi jaallachiistuun shirkiidha".
[sirrii] [abuu daawud, ibnu maajah, ahmad odeessan]

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- wantoota isii hojjachuun shirkii irraa lakkaa'amu ibsaniiru; isii keessaa: Tokkoffaan: Ruqaadha: inni haasawa worroonni jaahiliyyaa ittiin dawaa godhatan kan shirkii of keessatti qabatuudha. Lammaffaan: Masubaa fi kan sana fakkaatu irraa waan rarraafatamu,: ija akka deebistuuf jecha isii ijoollee, horii fi kan biroo irratti fannifamtuudha. Sadaffaan: Tiwalaadha (jaallachiistuu): isii haadha manaa fi abbaa manaa wol jaallachiisuuf jecha hojjatamtuudha. Wontootni tun shirkii irraayi; isiin waan tokko sababa gochuu irraa waan taateef jecha, inni sababa shari'aa kan ragaan ragga'ee miti, akkasumas sababa mul'ataa yaaliin ragga'es miti. Sababoowwan shari'aa kan akka qur'aana qara'uufaa, yookaan sababoowwan mul'atoo ta'an kan akka dawaawwan yaaliin ragga'aniifaa, isiin sababoota irraayi jedhanii amanuu waliin eeyyamamtuudha, dhugumatti fayyaduu fi miidhuun harka Rabbii jira.

http://sunnah.global/hadeeth/om/show/5273